CALGARY POLICE SERVICE

# EEYYAMA-FEDHII SAKATTA'INSAA FI IFA-BAASINSA ODEEFFANNOO DHUUNFAATIIF (Kutaa 1)
## Oromo / Oromoo

Ani Tajaajila Poolisii Kalgariitiif ("Tajaajilicha Poolisiitiif") nan eeyyama waa'ee kiyya kanneen armaan gadiirratti akka sakatta'insa geggeessuuf:

A. Murtoowwan yakka-seeraa, gadhiisamawwan haalarratti hundaa'ee fi sirraawaa akkasumas odeeffannoo waa'ee kiyya kan kanaan walqabate kan Galmeewwan Yakka-seeraa Kuusaa Biyyoolessaa Kanaadaa keessatti qabatame.

B. Yakka-seeraa fi gochawwan qajeelchawwan naannoo akkasumas adabbiiwwan yakka-seeraa yookiin qajeelfama naannoo kan hojiirra hin oolfamiin kamiyyu manneen murtii Alberta duratti Neetwoorkii Odeeffannoo Toora-interneetii Haqaa keessatti akka addaan-baafameen.

C. Ajajawwan mana murtii, waamichawwan to'annoo-jala-oolfamuu, ajajawwan dhorkaminsaa, ajajawwan gorsaan-tursuu, hidhannoowwan nageenyaa, ajajawwan beekkamtummaa kan yeroo ammaa Alberta keessattii fi waamichawwan to'annoo-jala-oolfamuu kan kutaa-biyyaan alaa kan hojiirra hin oolfamiin kan yeroo ammaa Wiirtuu Odeeffannoo Poolisii Kanaadaa keessatti addaan baafameen.

D. Odeeffannoo kan galmeewwan poolisii naannoorraa argatameen, kunis tarii gaaffii Kuusaa Odeeffannoo Poolisii hammachuu kan danda'u, kan ani keessatti qoratamaa poolisii ture iddoo saaxilamummaan nageenya hawaasaa jiraatetti. Waantota hedduu haala itti-gaaffatamummaawwan giticha hojii kan iyyatameef sana, namoota ani waliin walitti-dhufeenya qabaachuuf jiru, haala irra-deddeebii fi dhiyeenyummaa ta'iwwanichaa, haallan deemsa amalaa mullifaman kamiyyuu fi amantummaa odeeffannoo galmeewwan keessatti hammataman dabalatee ilaalcha keessa galchuudhaan murtoon odeeffannoo as kutaa D keessatti ibsame ifa-baasuu kan Tajaajila Poolisiin raawwatamuuf jiru ta'a.

E. **Sakatta'insa Sektera Saaxilamaa:** Ejensii Gaaffatateen <u>yemmuu barbaachisetti</u> kan guutamudha sababnisaas ati nageenya daa'immanii, namoota dulloomoo, namoota qaama-hir'uu yookiin uummata saaxilamoo kanneen birootiif itti gaaffatamummaa kan qabaattu ta'a. Gitni-hojii ati iyyataafii jirtu ulaagaawwan sakatta'insa sektera saaxilamaa guutuusaa kan murteessu yookiin kan mirkaneessu Tajaajila Poolisiiti.

Ati yommuu gita-hojii amantummaa yookiin aangoo namoota saaxilamooo kanneen akka daa'immanii, namoota dulloomoo fi namoota qaama-hir'uurratti qabaattu Sakatta'insi Sektera Saaxilamaa barbaachisaadha. A Sakatta'insi Sektera Saaxilamaa kan of keessatti qabatu sakatta'insa galmeewwan yakka-seeraa sagantaa'ee (yakkamaa saalaa kan dhiifamni godhameef) sirna duubatti-deebisuu kan RCMP 'dhaan qalbaa'edha kunis jiraachuu yakkawwan saalaa kan rarraasni yookiin dhiifamni galmee jiruutiif addaan baasuudhaaf. Akkasumallee Sakatta'insi Sektera Saaxilamaa kan hammatu sakatta'insa galmeewwan poolisii naannoodha kunis deemsiwwan haallan amalaa kan tarii nama saaxilamaatti miidhaa fiduu danda'u kamiyyu jiraachuusaa murteessuudhaaf.

- Galmeen poolisii odeeffannoo poolisiidhaan uumame yookiin funaaname kan of keessatti qabatudha. Tariii odeeffannoowwan kanneen akka adabbiiwwan yakka-seeraa fi murtoowwan, odeeffannoo irratti hin murteeffamiin kanneen akka bilisaan gadhiifamuu, argannoowwan sababii dhibee sammuu yakka-seeraaf itti-gaaffatamaa ta'uu dhabuu, turtiiwwan dhageessisa mana-murtii, hirmaannaa tarkaanfilee filmaata kanbiroo fi sagantaalee, qorannoowwan, fi ta'iiwwan jijjiiramummaa kanneen biroo kan adabbiiwwan dabarfamaa jiranitti hin geessin kan of keessatti hammatudha. Akkasumas tarii galmeen poolisii kan of keessatti hammachuu malu walitti-dhufeenya poolisii waliinii kan yakka-seeraa hin ta'iiniidha. Ati yakkaaf adabamtee yookiin sitti murteeffamee tasumayyu hin beektu taatullee sababii walitti-dhufeenya poolisii waliiniitiin tarii galmeen poolisii jiraachuu ni danda'a, walitti-dhufeenyawwan sababii dhimmoota fayyaa sammuu yookiin sababii qorannoo poolisiidhaan geggeeffamee dabalatee, ati waa'ee qorannichaa beektus beekuudhaa baattus. Odeeffannoon poolisiidhaan uumame yookiin sassaabame akkaataa sagantaa qabatinsa-kuusaa galmeewwan Tajaajila Poolisiirratti hundaa'ee kan qabatame ta'a. Waa'ee sagantaa qabatinsa-kuusaa Tajaajila Poolisii odeeffannoon dabalataa yoo si barbaachise, maaloo Tajaajila Poolisii kan Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii keetii raawwachuudhaaf itti-gaaffatamaa ta'e qunnami.

---

☐ Tajaajilli Poolisii otoo eeyyama-fedhii dabalataa ana irraa hin argatiin odeeffannoo kana Ejensii Gaaffatatutti ifa akka hin baasne ani nan hubadha.

Sakatta'insi Sektera Saaxilamaa yemmuu barbaachise akkasumas, yoo barbaachise, hubachuu kiyya ani nan caqasa, ani Sakatta'insa Sektera Saaxilamaaf eeyyama kiyya nan kenna.

Ani sakatta'insa sirna duuba-deebinsa galmeewwan yakka-seeraa saganteeffame keessatti taasifamaa jiruuf kan Poolisii Aangome Bulchaa Kanaadaan qalbaa'eef eeyyama kiyya nan kenna kunis ani yakki natti murteeffamee kan ture ta'uusaa, fi isaafis dhiifamni naaf kennamee yookiin mirkaneeffamee akka ture, yakkiiwwan saalaa akkaataa Dambii Galmeewwan Yakka-seeraatti saganticha keessatti kanneen tarreeffaman kamiyyu addaan baafachuudhaaf.

Ani nan hubadha kunis yoo, sababii eeyyama-fedhii kanaa kennuudhaan, sakatta'insi akka ifa-baasu jechuunis galmeen yakkamummaa kiyya jiraachuusaa jechuunis yakkawwan saalaa kanneen akkataa Dambii Galmeewwan Yakka-seeraatti saganticha keessatti tarreeffaman keessa isa tokkoof akkaataa isaatiinis kan dhiifamni kennamee yookiin mirkaneeffamee tureetiif, galmeen sunis Komishineera Poolisii Aangomaa Bulchaa Kanaadaadhaan Abbaa-alangaa Waliigalaa Kanaadaatti kan kennamu ta'uusaa, innis tarii odeeffannoo galmicha keessatti hammmatame hunda yookiin gartokkeesaa humna poolisiitti yookiin qaama aangeffame kanbiraatti itti aansuun ifa baasuu akka danda'u. Humni poolisii yookiin qaamni aangeffame sunis achiin booda odeeffannoo sana anatti akka ifa baasu ta'uusaa.

---

☐ Ani Tajaajila Poolisiitiif nan eeyyama kunis waa'ee kiyya odeeffannoo kamiyyu fi hundasaa sakatta'insawwan armaan olitti caqasaman kanneen erga xummuree kan argatetti akka fayyadamuuf, galmeewwan poolisii naannoorraa odeeffannoowwan argataman dabalatee, Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii xummuruudhaaf akkasumas ani Tajaajila Poolisiidhaaf nan eeyyama Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii keessatti bu'aawwan sakatta'insawwanii natti akka beeksisuuf.

Nama kanbiraa yookiin dhaabbata kamiyyuutti bu'aawwan sakatta'insawwan kanneenii akkan kennu yookiin hin kennine murtoo kiyya ta'uusaa ani nan hubadha. Waa'een deemsa Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii odeeffannoon dabalataa Adeemsawwan Ifa-baasinsa Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii Alberta kanneen weebsaayitii/ marsariitii Tajaajila Poolisii irra jiratti akka argamu ani nan hubadha.

---

☐ **Unka kana mallatteessuudhaan yookiin eeyyama-fedhii bifa-elektirooniksiidhaan fudhachuudhaan, ani guutummaan guutuutti akkan of beeksise akkasumas qabiyyee, hiikaa fi bu'aa eeyyama-fedhii kanaa akkasumas gadhiisama itti-gaaffatamummaa akkan hubadhe nan mirkaneessa akkasumallee odeeffannoon anaan kenname sirrii ta'uusaa fi tarii karaa Tajaajila Poolisii kuusaawwan odeeffannoo poolisiidhaan yoo barbaachisaa ta'e akka raggaasifamuu danda'u ani nan mirkaneessa.**

Ani irratti walii nan gala ☐

Guyyaa:

Ani Tajaajila Poolisii, Hogganaa Poolisii Tajaajila Poolisii, Komiishina Poolisii Tajaajila Poolisii, fi bulchitoota, itti-fuftoota, ramadamtoota, ejentoota, ofiiseroota, tajaajiltootaa fi hojjettoota isaanii hunda barbaachawwan hundaa fi kamiyyu irraa yookiin seeraan himannoowwan bifa fi gosa hundaarraa yookiin haqummaa keessatti, daangeffama malee, kanneen akka gochaawwan, himatamawwan, idaawwan, buusiiwwan, miidhaawwan waliigalaa, miidhaawwan addaa, miidhaawwan maallaqaa, baasiiwwan yookiin fedhiiwwan bifa hundaa dabalatee, kanneen anaan qaqqabsiifaman yookiin bakka-bu'oota, seeraa, dhaaltota, ramadamtoota yookiin ejentoota kiyyaan kan qaqqabsiifaman akkasumas deemsawwan Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii keessatti fi argatannicha Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii irraa kanneen dhufani yookiin karaa kamiiniyyu hirmaannaa kiyya waliin kanneen walqabatani nan ifoomsa, nan beeksisa akkasumas hanga dhumaatti nan guuta.

Odeeffannoon unka kanarratti sassaabame akkasumas odeeffannoon akka qaama deemsa Sakatta'insa Odeeffannoo Poolisii kanaatti funaaname, fayyadamame fi ifa baafame akka Dambii Walabummaa Odeeffannoo fi Eegumsa Icciitii-dhuunfaatti yookiin isa kana ta'uu baannaan akka seeraan tumameetti kan funaanamu, itti fayyadamamu fi ifa baafamu ta'a.

CALGARY POLICE SERVICE

# SAKATTA'INSA ODEEFFANNOO POOLISII

## Eeyyama-fedhii Sakatta'insa fi Ifa-baasinsa Odeeffannoo Dhuunfaa

PO 1244 (R2014-11)

**A. ODEEFFANNOO IYYATAA/TTUU**

MAALOO QALAMA BIFA CUQULISAAN AKKA SIRRIITTI MULLATUTTI KATABI AKKASUMAS GUUTUMMAAN GUUTUUTTI GUUTI

| | | |
|---|---|---|
| **1) Maatii kee kan Yeroo-ammaa MAQAA DHUMAA:** | | |
| **Maqaa Duraa** | **Maqaa (-wwan) Gidduu** | **Maqaa Masoo/Lammataa/Filatamaa** |

| | |
|---|---|
| **2) Ati maqoota kanneen biroo kamiyyu fayyadamtee jirtaa?**<br>Ati maqaa kee dhalootaa, gaa'elaa, kan-durii yookiin seeraan jijjiirrattee ni beektaa?<br>□ **Lakki** □ **Eyyee**<br>**'EYYEE' yoo ta'e, Armaan gaditti Maqoota kanneen biroo caqasi**<br>________________________________________<br>________________________________________ | **3) Guyyaa Dhalootaa** BBBB \| JJ \| GG<br>**4) Saala** □ Dhiira □ Dhalaa<br>**5) Bakka Dhalootaa** (Magaalaa / Kutaa-biyyaa/Mootummaa-naannoo / Biyya)<br>**6) Lakkoofsota bilbilaa** **kan Bakka jireenyaa** ( )<br>**Kan bakka-hojii** ( ) **Mobaayilii** ( ) |
| **7) Ati Kalgarii keessa yeroo hagamiitiif jiraachaa turte?** | **Waggaa tokkoo gadi yoo ta'e, ati yeroo darbe eessa jiraachaa turte?** |
| **8) Teessoo bakka jireenyaa kee kan yeroo ammaa**<br># Appaartimentii fi Teessoo Daandii | **9) Teessoo poostaa keetii (yoo adda ta'e)**<br># Appaartimentii fi Teessoo Daandii |
| Magaalaa Kutaa-biyyaa Koodii Poostaa | Magaalaa Kutaa-biyyaa Koodii Poostaa |
| **10) SAKATTA'INSI ODEEFFANNOO POOLISII KUN KAN**<br>□ Qacarrii □ Tola-ooltummaa □ Guddifachaa □ Godaansaa<br>□ Kanbiraa (adda baasi) ________________<br>(Ejensii Kam Waliin) ________________ | **11) SAKATTA'INSI ODEEFFANNOO POOLISII qacarriidhaaf yookiin tola-ooltummaadhaaf yoo ta'e – maaloo ibsa hojii kenni. Kaayyoo kanbiraatiif yoo ta'e, sababasaa adda baasi:** |
| **12) Sagantaa shaakala-hojii**<br>□ Kaffalti-qabeessa □ Kaffalti-maleessa<br>□ Inistituutii Adda-baasi ________________ | **13) Ani kanan hojjedhu/tola-oolu kan armaan gadii waliin:**<br>□ Qaama-hir'uu □ Daa'imman/Dargaggoo<br>□ Jaarsa/jaartii □ Dhukkubsattoota □ Hin Jiru<br>**Fayyadama CPS Qofaaf** **VS** |
| **14) KANAADAA KEESSATTI YAKKA SEERAATIIF** ati ashaaraa-qubaa kennitee ni beektaa<br>kunis kan ati dabarfama galmee (dhiifama) itti hin argatiin jirtu?<br>□ LAKKI □ EYYEE | **Odeeffannoon kenname sirriidha:**<br>Mallattoo Iyyataa Guyyaa Mallatteeffame<br>\| BBBB \| JJ \| GG<br>____________________ \| \| \|<br>**(Hojjetaa Deeskii Poolisii yookiin Ejensii otoo hin Qunnamiin dura Mallatteeffamuu qaba)** |

| | | |
|---|---|---|
| **B, KUTAA EJENSII QOFAAF**<br>*Ejensiidhaan kan galfatame yoo ta'e, unki kun galagalchawwan eenyummeessaa iyyataa of keessatti hammachuu QABA | | |
| Maqaa Ejensii | Teessoo Ejensii (Akka mullatutti katabi) | Mallattoo Ragaa Ejensii |
| **Tola-ooltummaa Alberta #VOAN**<br>(Lakkoofsa Mirkaneessa Dhaabbata Tola-oolmaa) | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| **SARARA KANAA GADITTI HIN KATABIIN – Bakki kun Fayyadama Magaalaa Kalgarii Qofaafidha** | | | | | |
| Gita-hojii Iyyatameef | | Kutaa | | Dippaartimentii | |
| Kutaa Hojii Waliigalaa | Herrega | Fandii | Eenyummeessa Dippaartimentii | Gocha | Riferaansii |

**SARARA KANAA GADITTI HIN KATABIIN – Bakka Fayyadama Tajaajila Poolisii Kalgarii Qofaaf**

Odeeffannoo kan irraa Fuudhe: ____________ □ SAKATTA'INSI VS XUMMURAMEERA Iyyataa kan Sakatta'e:

| CPIC / PERS / CNI | JOIN/PENDING | PIMS |
|---|---|---|
| | | |

ASHAARAAWWAN-QUBAA